Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 15 ffaa

SEERA KEESSADEEBII

Seensa: Kutaa kun waa'ee nama tokkoof gatiin akaataa kamiin akka dhiifamu hojjetaa tokkoos waggaa 6 booda akkamiin akka luba baasan dubbata gara dhumaa irratti immoo angafa hoorii akkamiin Waaqayyoof akka adda baasan dubbata

Mata-duree: Araara gochuu

BOQONNAA 15:1-23 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Hojjetaan tokko waggaa meeqa hojjetee booda bilisa ba'a? A/7 B/6
2. Liqiin yookiin gatiin yoo nama irratti hafe waggaa meeqa booda dhiifamaaf? A/7 B/ 6
3. Hiyyeessi nu gidduu yoo jiraate, A/ waanta inni barbaade waanta gochuu qabnu gochuufi, B/ Sababii cubbuu isaa hiyyoome jennee amanuu, C/ Garaa itti jabaachuu,
4. Akka kutaa kanaatti deeguun yookiin liqeeffachuun abboomamuu dhiisuudhaan namatti dhufa A/ dhugaa B/ soba
5. Namni deegaan biyya kee keessaa waan hin dhabamneef, obboleessa kee isa dhabaa fi deegaa biyya kee keessa jiruuf A/ harka kee diriirsi B/ Cubbuu isaati jedhi,
6. Namni tokko yeroo hundumaa gooftaa isaatiif garba ta'ee bara isaa jiraachuu yoo barbaade, A/ Deebasanii gurguratu turan, B/ Dirqisiisanii manaa baasu turan, C/Mutaadhaan guraa isaa uru turan
7. Namni namaaf hojjetu tokko yoo warri isa hojjechiifatan miidhaa irraan ga'an, A/ warra hojjechiifatu irratti cubbuu ta'a, B/ Rakkoo hin qabu, C/Deebisee warra isa miidhan haa miidhu.
8. Guyyaa liqiin namaaf dhiifamuu jala ga'ee utuu jiru namni rakkate tokko gara isaa dhufee yoo liqii gaafate kennuufii qabu , A/ Dhugaa B/ Soba
9. Namni tokko angafa horii isaa waaqayyoof yeroo dhiyeessu waan akkamii ta'uu qaba? A/ Mudaa kan hin qabne, B/ Hokolaa kan hin taane, C/ hir'ina kan hin qabaanne, D/ hundumaa.

   Gaafii addaa

10. Gaaffii lakkoofsa 9 irra jiruu dubbistee boodaa Efesoon 5:26-27 dubbisiitii Waldaan kiristaanaa maal akka fakkaachuu qabdu waa lama barreessi. a/_____ b_____